



# Baal-Odeessii Police Custody Officer

VICTORIA POLICE HUMNA HOJJETA ISAA KEESSAATTI NAMOOTAA DUUBBEE ADD ADDAA QONDAALOTA MANA HIDHAA KAADHIMACHUUTTI JIRA.

Gaheen hujii Police Custody Officer (PCO) mirqaansaa, jabeenya kan qabuu fi dalagaa hamilichiisaa kan ati gahee gaggeessummaa fi hadhaadhiyaa namoota hidhamaniif kennuu dandeessuu dha.

Gaheen PCO namoota hujii dhaabbataa fi faraaqadhaan hojjetaniif kan mijjatu dha. Hujiiin kun namoota dalagaa kana barbaadan irraa jabinaa fi bakkaa bakka deddeemuu gaafata. Akkuma PCO hidhamtoota waliin hojjachuu tahetti namni hidhamtoota kan waliin hojjatu nama gaheessa, dubbannaa gaarii fi Beekumsa gahaa qabu tahuu qaba.

PCO imaammata poolisii hidhamtoota eeguun kan gaggeessamu fi beekumsa computer kan qabu tahuu qaba. Amala gaarii kan qabuu fi kabajamaa, kan murti-maleessa (non-judgmental) tahuu qaba.

Victoria Police kan namni gaheessi qalbi-qabeessi itti madaqu haala hujii mijjeessaaf. Akka hojjetaa Victoria Police dantaa gudguddaa, faraqaa hojjiitiif kafalamu, boqonnaa abbummaaf (paternity) fi haadhummaaf (maternity) qabaatuu dabala.



VICTORIA POLICE



## Gaheen gaafatamummaa maalfaa dha?

- Hujii mana hidhaa Victoria Police sirnaan raawwatu.
- Fayyummaa, nagahummaa, nageenya hidhamtootaa, hojjettootaa fi keessummootaa tiksuu.
- Gaggeessama hujii fi geejjiba qindeessuu, baallama akaa irratti argamsiisuu yookaan nama hidhamaa video dhaan dhiheessuu.
- Akka seera, imaammatootaa fi tartiibaan waraqaa galmee, gabaasaa tolchuu fi hujilee bulchiinsaa kan biraa dabalee qopheessuu fi hujii gaggeessuma hidhamaa hunda raawwata.
- Mallattoqubaa, DNA taasisuu, fakkoo fudhachuu, qorannoo raga gaggeessuu fi akka barbaachisetti dhaddachatti raga kennuu.

## Bakki dalagaa eessa?

1. Ballarat
2. Dandenong
3. Heidelberg
4. Geelong
5. Sunshine
6. Broadmeadows
7. Frankston
8. Mildura
9. Ringwood
10. Moorabbin
11. Wodonga
12. Bendigo
13. Swan Hill
14. Mill Park
15. Warrnambool
16. Morwell
17. Shepparton
18. Wangaratta
19. Bairnsdale
20. Horsham
21. Sale
22. Melbourne West (CBD)

Odeeffata irra bal'aaf

[www.policecareer.vic.gov.au/pco](http://www.policecareer.vic.gov.au/pco) doa'adhu.



VICTORIA POLICE



## Hujii kanaaf iyyachuuf ani gahaa dhaa?

Victoria Police gahaa taatee akka PCO dalaguuf wanneen seenuuf si gaafatu kana guutuu qabda:

- Umriidhaan waggaa 18 ol
- Lammii Australia yookaan dhaabbatummaa kan jiraatu tahuu
- Hayyama konkolaachisummaa Australia qabaatuu
- Ulfinni qaama kee (BMI) 30 yookaan sanii gadi tahuu
- Badii konkolaachisummaa yookaan tiraafikaatiin kan adabni si hin jirre tahuu

## Sololahiinsi (process) iyyatnaa hujii kana seenuuf maalii?

*Hojjetaa Victoria Police taatee fo'amu keetiin dura akka iyyataatti sadarkaalee itti aanan kanneen keessa dabruu qaba:*

- Gulantaa 1:** Sararaa [www.policecareer.vic.gov.au/pco](http://www.policecareer.vic.gov.au/pco) irraan iyyatnaa kee naqadhu.
- Gulantaa 2:** Qorannoo jalqabaa taasisamuu
- Gulantaa 3:** Guyyaa qormaataa irratti argamuu
- Gulantaa 4:** Qormaata qor-qalbii fudhatuu
- Gulantaa 5:** Calaliinsa (screening) qor-qalbii fudhatuu
- Gulantaa 6:** Fayyummaa ilaalamuu
- Gulantaa 7:** Qorannaa waliigalaa fudhachuu
- Gulantaa 8:** Qormaata jabeenya qaamaa fudhatuu
- Gulantaa 9:** Tuutaan gaaffii fi deebii fudhatuu
- Gulantaa 10:** Afeerraa hujii fudhatuu

Odeeffata irra bal'aaf

[www.policecareer.vic.gov.au/pco](http://www.policecareer.vic.gov.au/pco) doa'adhu.





## Leenjii akkamii naaf kennama?

PCO leenjii torban saddetii kan Glen Waverly, Melbourne dhaabbata Police Academy kennamu fudhatuu barbaachisa. Yeroo leenjii kanatti waa'ee bulchiinsa hidhaa fi nageenya hidhamaa baratta.

Leenjiin Victoria Police Academy kennamu jabaa fi naamusa kan barbaaduu dha. Qaama, Beekumsa fi sammuu kan qoruu dha.

### Hujii kanaaf iyyatuu koon dura wanneen ani tilmaama keessa galfachuu qabu maali?

- Iyyattootni erga leenjii kana fudhataniin booda baatilee sadiif dirqama hujii kana keessa turuu qaban.
- PCO fayyaaleessa gahaa tahuutu eegama. Ogguu dalagaa kana irra jiramutti PCO waggaatti al lama qormaata fayyaallessummaa fudhata.

- Iyyattootni yero yerootti qorannoo farshomaa fi daawaa sammuu miidhu fudhatan.
- Hujii kanaaf dirqama fayyummaa kan OHS dhaabni kun gaafatu guutuu, leenjii dhimma bahiinsa meeshaa fi keemikaalaa baratan.
- Yeroo leenjisaantu waan barsiisamtuuf Beekumsa seeraa dursitee qabaatuu I hin barbaachisu.
- Hujii kanaaf sadarkaa barmootaa si hin barbaachisu garuu yeroo hujii kanaaf iyyattu waggaa 18 yookaan Sanaa ol tahuu qabda.
- Xxx faraqaa hujii kan ganama, sa'aa boodaa fi halkanii qabaata. Faraqaan tokko sa'aa 8.06, walakkaan sa'aa boqonnaa dabalee ti. Yeroon hujii itti eegaluu akkuma bakka bakkaatti adda adda.
- PCO ulee cancalaa fi waan ijatti afuufamu of harkaa qabaatan.

## Odeeffannoo dabalaa?

Odeeffannoo caaluuf <http://www.policecareer.vic.gov.au/pco> do'adhu Yookaan gaaffii kee gara [pcoemployment@police.vic.gov.au](mailto:pcoemployment@police.vic.gov.au) email godhi.

